



Gubaatiin ibiddaa nama kamiyyuu ni miidha. Nama filatu hin qabu. Bala ibiddaa kanaan hojjetooni hojii magaaloni xixxiqoo fi gurguddoon doolaara qaraxaa dhabu. Akkasumas gamoowwan gubatan naannoo ija namaatti fokkisan uumuu fi namoonni qulqulluun akka mada'aniif lubbuu akka dhaban godha.

Balaan ibidda ta'e jeshamee qabsiifamu diinagdee biyyoolesaa fi mootummaa naannoo irratti dhibbaa akka fiduu lammiiwwanii fi dhaabbatoota waa'ee biyya isaanii yaadanitti ni beekama. Qansoon ibidda ta'e jedhamee qabsiifamu kan qajeelfama geeggeefamu namoota waa'ee dhimma kana nugalcha jedhanii fi humna kutannoon socho'uun qofa.

- Ibiddii ta'e jedhamee qabsiifamee bara 2007 keessa lammii Ameerikaa 295 kan lubbuu galaafate yoo ta'u bara 2000 irraa dhibbeentaa %50 hiratee jira.
- Tilmaamaan ibiddoowwan caasaalee irratti ta'e jedhanii qabsiifaman 32,500 yoo ta'u bara 2007tti ibiddoowwan kun ta'e jedhamanii kan qabsiifaman bara 2000 irraa dhibbeentaa %50 hir'ateera.
- Waggootan darbaan 15 keessaa ibiddi ta'e jedhamanii qabsiifaman lubbuuwwan lammii Minisootaa 38 kan gaaga'ee yoo ta'u qabeenyaa doolaara miiliyoona 250 olii barbadeesseera.



www.ci.minneapolis.mn.us/fire

Wojji ta'uudhaan



www.fire.state.mn.us

ITTISA NAMA IBIDDA TA'E JEDHEE QABSIISUU (ARSON)



*Ibiddi ta'e
jedhamee
Qabsiifamu
eenyuuyuu ni guba*



MAAL GOCHUUN DANDA'AA?

Waan tokko kan ati goochuu qabdu daligaalee shakkiisiisaa naannaa manaa fi gamoo biraa cinatti yoo argite poolisii naannootti himi ykn gabaasi.

Of-eeggannoo naannoo mana jireenyaatti godhamuu qabu

- Balbalaa, foddaa fi hulaa manaa fi gaaraaji keessani sirritti cufaa. Foddaalee mana keessanii fi aguugduusa fi balbaloota keessaa akka salphaatti yoo hulluuquun barbaachise banaman mirkaneessi.
- Naannoo balbalaa fi foddaalee irraa akka salphaatti mul'ataniifi mukeetiin yoo jiraatan qulqulleessi.
- Alli dukkana yoo ta'e ibsaa alaa ibsii.
- Ollaa kee waliin walqunnamii murmuraa roondii ijaarii.
- Naannoo gaaraajii meeshaalee ibidda qabsiisuu danda'an qulqulleessun. Kufana waraqaa gutamanii, marga kusaman haramaa fi fullan kosii fi wantoota gubataman naannoo gamootaa irraa dhabamsiisaa.

Of-eeggannoo naannoo daldalaatti godhamuu qabu

- Kuusa meeshaalee daldalaa itti gattan irra hin yaasiinaa akkasumas cufame qaba.

- Kuusaa meeshaalee daldaala baatan fi goodaalee biroo yoo xiqqaatee balbalaa keenyan gamoo irraa fiitii 5 fageessaa. Sibiilaa fi sibiila irraa kan tolfamee kuusaa meeshaa daldalaa qofaatti dhimma ba'a.

Tapha Ibiddaa, ibidda qabsiisuu fi ibidda ta'e jedhamee ijoolleen qabsiifamu

Warii ijoollee naannoo balaa maleessaa fi amala balaa irraa walaba ta'e ijoollee isaan barsiisuun dirqama isaanii isa duraati. Barsiisii akkasii yoo qajeellootti kennamee daa'imman duwwaa osoo hintaane hawwaasa mara nifayyada. Waantoota muraasa armaan gaditti ka'aman maatiiwwan ijoollee isaanii ittiin gargaaramuu danda'u.

- **Fakkeenya gaarii ta'u** - Bilbila aaraa ibiddaa suufuu dhaabuu fi suuphuu akkasumas akkaata qajeelfama homishitootaan meeshaalee ittiin ibidda dhaamsaan itti fayyadamuu fi ibidda yeroo mara haala bala- dhaabee ta'een itti gargaaramuu.
- **Nageenya balaa ibiddaa fiduuf itti gaafatamuummaa fudhachuu** - Seerota nageenya ibidda guyyaa guutuu hordoofuu ijoollee keetti himi. Akkasumas balaa ibiddaa irratti ijoolleewwan keessanii mari'adha.
- **Ibiddaan waan qunnamtii qabu to'adhu** - Wantoota gubatan mara bakka daa'imman hin geenye ol kaa'aa. Yoo waantoota dafee ibidda kaasuu yookaan ibiddi qabatu argan ammoo ga'eessotatti akka himan barsiisaa.
- **Mallattoolee ibiddaa mulisaan adda baafachuu** - Tuullaa kosii ykn qimbica kosii keessa, sireewwan jala, akkasumas

mana fincaanii keessa kibiritii gubatee fi ragaalee biroo ijoolleen keessan ibidda seeraa alaa itti fayyadamuu isaanii mul'isu to'adhaa. Yoo ragaalee kana dhugaa ba'an argitan haala gaariin carraa kanatti daa'imman keessan ittiin barsiisuu fi gorsuuf itti fayyadamaa.

Namoonni hedduun waa'ee ibidda kan raajeffatan yoo ta'u dargagooni gama ibidda ilaalchisee murtee sirrii ta'e fudhachuuf muxannoo barbaachisaa ta'etu isaan hir'ata. Furmaata rakkoo kana kan ta'u dhaabbata daa'immaniifi maatiisaan haala amalaa qajeeltoo irratti gorsa kennu waliin walqunnamsiisuudha.

Kutaan pooliisa Bala ibidda Mootummaa Naannoo Minnesota toora bilbila ijoollee balaa ibiddaa ta'e jedhanii qabsiisan itti to'atuu fi gorsa kennu saaqee jira.

Toora ijoollee ibiddaa ta'e jedhanii qabsiisan itti gargaarru

1-800-500-8897

Mallattoon kun bakka ibidonni ta'e jedhamanii qabsiifamu jedhamanii shakkaman maratti ni maxxanfama.

BALAA IBIDDA KUN KAN UUMAMEEN JEDHAMEE SHAKKAMU:
NAMA IBIDDA TA'E JEDHEE UUMU
Sarara bilbilaa banaa
1-800-723-2020
Badhaasni ni kennama

Badhaasni hanga \$1,000 odeeffannoo nama balaa ibiddaa kana geessee lyya'eef kennama
Minnesota Projektii namoota balaa ibidda ta'e jedhuun geessan Badhaasuu - IAAI